# Waraqaa haqaa - Ajaja Hatattamaa Nageenya Hawaasa Mana Barumsaa

**Ajajni Hatattamaa Nageenya Hawaasaa Mana Barumsaa maal hojjeta?**

Namoonni tokko tokko kanneen akka daarikteraa fi hojjettootni Kutaa Barnootaa fi Leenjii 'namoota hayyamameef' jedhamu. Ajajoota yeroo mana barumsichaa deemtu ykn waliin hirmaattu akka hordoftuuf seera siif kaa'u baasuuf aangoo qabu.

Ajajni kun mooraa mana barumsaa ykn iddoowwan biroo sochiin mana barumsaa itti raawwatamu akka hin seenne ykn akka hin turre si dhorka. Ajajni kun ibsa bal'aa akka yeroowwan, ykn iddoowwan, Ajajni sun hojiirra ittii hin oolle of keessatti qabachuu danda'a.

Odeeffannoo dabalataa waa'ee Ajaja Nageenya Hawaasa Mana Barumsaa asitti argachuu dandeessu. Ajajoonni Nageenya Hawaasa Mana Barumsaa maal akka hojjettu hubachuuf akka si gargaaru suursagalee asitti ilaaluu ni dandeessa.

**Ajajni Hatattamaa yeroo hangamii fudhata?**

Akkasumas Ajajni kun seerotni kun hanga yoomiitti akka hojiirra oolan sitti hima. Yeroon dheeraan Ajajni tokko hojiirra ooluu danda'u guyyoota 14 dha.

**Yoon mana barumsichaa keessatti daa'ima qabaadhe, Ajaja Hatattamaa hordofuu waanan qabuuf amma maaltu isaan irratti muudata?**

Manni barumsaa keessan Ajajni kun daa'ima keessan irratti dhiibbaa akkamii akka qabuu fi akkamitti akka isaan kunuunsitan sirriitti itti yaadee jira. Ajajichi akka isaan kunuunsuu ykn barnoota isaanii wajjin akka hin hirmaanne si dhorkuuf kan yaadame miti.

Manni barumsaa keessan Ajaja erga isiniif kennee booda dafee ''Pirootokoolii Qunnamtii fi Gahinsaa' isiniif kenna. Kunis kanneen armaan gadii ni kaa'a:

- waa'ee barnoota daa'ima keessanii akkamitti akka isinitti himamuu danda'u
- akkaataa daa'imni keessan mana barumsaa dhaquu fi sochii mana barumsaa irratti nagaan hirmaachuu itti fufuu danda'u
- daa'imni keessan akka deeggaramuu fi kunuunfamuu mirkaneessuuf maal akka gochuu qaban.

**Yoon Ajaja Hatattamaa irratti walii hin galle hoo?**

Namni hayyamameefii Ajaja kana kenne 'Ajaja Nageenya Hawaasa Mana Barumsaa Itti Fufiinsa Qabu' kennuu qabaachuu fi dhiisuu isaa ykn Ajaja kana haquu akka qabu ilaaluuf erga kennanii booda hatattamaan ilaaluu qaba. Odeeffannoo dabalataa waa'ee Ajaja Itti Fufiinsa Qabanii marsariitii Kutaa Barnootaa fi Leenjii irraa asitti argachuu dandeessu.

Maaliif karaa murtaa'een akka sochoote, akkamitti akka sirratti ykn mucaa kee irratti dhiibbaa geessisu ykn waan biraa isaan beekuu qaban kamiyyuu ibsuuf yeroo barbaaddetti yaada dhiyeessu dandeessa. Fakkeenyaaf, mucaan keessan miidhama qaamaa akka qabu mana barumsichaatti himuu barbaadda ta'a, kunis akka isaan mana barumsaa dhaqaniif deeggarsa gochuu itti fufuu akka dandeessan mirkaneeffachuuf.

Barreeffamni dhiyaatu imeeliil ykn xalayaa nama hayyamameef ergamu ta'uu danda'a. Uunkaa marsariitii Kutaa Barnootaa fi Leenjii asitti irratti fayyadamuu dandeessu.

Yoo yaada barreessuu hin barbaanne ta'e, bakka isaa yaada afaaniin akka kennitu gaafachuu dandeessa. Akkasumas namni biraa akka siif dhiyeessu gaafachuu dandeessa, kanneen akka nama deeggarsa qaama miidhamummaa kee ykn afaan hiikaa(turjumaana) kee.

**Yoon Ajaja tokko hin hordofne maaltu mudataa?**

Yoo seeroota Ajaja keessatti kaa'ame hin hordofne, manni barumsichaa Ajaja kana akka hordoftu si taasisuuf Mana Murtii Abbaa Seeraatiif iyyachuu ni danda'a.

Manni Murtii Abbaa Seeraa Ajaja tokko hordofuu dhabuu keetiin dogoggora akka qabdu yoo hubate, kanneen armaan gadii si gaafachuu danda'u:

- adabbii maallaqaa akka kaffaltu si gaafachuu
- Ajaja kana akka kabajju si gaafachuu
- Ajaja kana kabajuuf tarkaanfii addaa akka fudhattu si gaafachuu
- waan biraa Manni Murtichaa sirriidha jedhee yaadu akka gootu si gaafachuu danda'u.

Ajaja tokko hordofuu dhabuu keetiin mana hidhaatti hin hidhamtu, galmee yakkaa hin argattu ykn adabbii yakkaa hin argattu.

**Turjumaana/hiiktuu afaanii ykn deeggarsi biroo yoo na barbaachise hoo?**

Turjumaana, hiikaa afaanii ykn nama deeggarsa kennu yoo barbaadde, deeggarsa argachuuf eenyu akka si gargaaruu danda'u muummee mana barumsichaatti himuu dandeessa.

Yoo mucaan keessan mana barumsaa kan mootummaa dhaqe, deeggarsa dabalataaf waajjira naannoo Kutaa Barnootaa fi Leenjii qunnamuu dandeessa.

| | |
|---|---|
| Kaaba Baha Viiktooriyaa<br>Bilbila: 1300 333 231<br>Imeelii: nevr@education.vic.gov.au | Kaaba Lixa Viiktooriyaa<br>Bilbila: 1300 338 691<br>Imeelii: nwvr@education.vic.gov.au |
| Kibba Baha Viiktooriyaa<br>Bilbila: 1300 338 738<br>Imeelii: sevr@education.vic.gov.au | Kibba Lixa Viiktooriyaa<br>Bilbila: 1300 333 232<br>Imeelii: swvr@education.vic.gov.au |

**Odeeffannoo dabalataa yoon barbaade hoo?**

Odeeffannoo dabalataaf gara marsariitii Kutaa Barnootaa fi Leenjii asitti dhaquu dandeessu.